Barsiso 6

1. Qara fiit'e maani?
-Qara fiit'e gaafa duri fago ka Waaqi waan chufa uume.

2. Gaafa qara fiit'e, eenuti waan lafa keesa jira chufa uume?
-Waaqa.

3. Maaniti lafa keesa jira ato Waaqi waan chufa inuminu?
-Womuniti.

4. Yo womu lafa keesa injirre, duuba Waaqi maanini waan chufa uume?
-Womuniti.

5. Duuba Waaqi akamini lafa uume?
-Waaqa lafa womu keesa inumne.

6. Waaqi akamini dandae waan chufa womu keesa inumini?
-Waaqi jabeena chufa qaba.
-Jabeeni Waaqa indumatu.
-Jabeeni Waaqa ka jiru.

7. Jabeeni Waaqa haga inqaba?
-Iyyo.

8. Shetanafi yokhaani jinni isa yokhaani nami Waaqa ira jaba?
-Iyyo.



9. Nami tokoleeni Waaqa ya barsise aka waan chufa uumani?
-Iyyo.

10. Maaf nami tokoleeni Waaqa imbarsisini?
-Gaafa qara fiit'e, nami tokoleeni ka Waaqa barsisu injiru.
-Suni malele, Waaqi nami tokole ka isa barsisu imfedu.

11. Qaroomi Waaqa haga inqaba?
-Iyyo.

12. Nami Waaqa ira qaro injira?
-Iyyo.

-Gafa qara fiite, Waaqa gubbafi ammale lafale uume. Koota insomna aka lafti jirtu atto Waaqi womu inuminu.

Ummama 1:1-2a

1-Gaafa qara fiit'e, Waaqi lafafi gubba uume.
2-Gaafasi lafti duwa, fuula inqabdu, aka injirtu, ammalle dukanti d'immu bisaani gubbaa jirti.

-Lafti durani akami jirti ato Waaqi inuminu?

-Gaafa qara fiit'e, ifsa tokoleeni injirru.
-Gaafa qara fiit'e, dukanti lafa chufa guute.

-Atini imfetta yo aduni guyya injirre?

-Atini imfetta yo jia halkani injirre?

-Isiini guddo hamtu mo ifsan tokoleeni lafa injirre.
-Ehe.

-Isani dandetani woli inagartani.
-Isani dandetani midaani keesa inobratani.
-Isani dandetani mana keesani injaratani.

-Gaafa qara fiit'e, ifsani injirru.
-Gaafa qara fiit'e, lafti godduni injirtu.

-Gaafa qara fiit'e, bisaani lafa chufa guttani.

Ummama 1:2b

2-Irreeni Waaqa guddooni bisaani gubbbaa dedeemti.

-Guyya qara fiit'e, jireenna lafa injirru.

-Ammo Waaqi Lubbu Qulqullo achi jira.

-Waaqi Lubbu Qulqullo eegu jira aka huji ufi ta waan chufa uumiti jalaa qabatu.

-Atini inqabatu aka Waaqi toko challa jirru, ammo nami sadi jira ka Waaqa toko?

-Waaqa Abba, Waaqa Ilma, Waaqa Lubbu Qulqullo



wolumani waan chufa uumani.

-Gaafa qara fiit'e, Waaqi maani guyya qara uume?

Ummama 1:3

3-Jennaani Waaqi waan jed'e, ifsaani ha tahu; duuba ifsaani tahe.

-Guyya qara, Waaqi ifsa uume.

-Waaqi akamini ifsa guyya qara uume?
-Waaqi ifsa jechaani uume.

-Nami tokoleeni Waaqa male ifsa jechani uumu indandaa?
-Iyyo.

-Kunini fakeena.

-Halkani toko, atini keesa jirta, ka ifsaan injirre.

-Ifsaan jiatifi yokhaani ka urjile injirru.

-Lafti guddo gurati, ammalle atin womu inagartu.

-Atini dandete dubbatte, "Ifsaan ha tahu,"ammalle ifsaan indufa?
-Iyyo.

-Waaqi, ammo, challa dubbatini, ammalle ifsaan uumame.

-Waaqi akamini bekha aka ifsa uumu?
-Waaqi waan chufa imbekha.

-Wonti tokoleeni ka Waaqi imbeene injirtu.

-Ifsa uumitini Waaqa jajabdu?
-Iyyo.

-Maaf?
-Waaqi jabeena chufa qaba.

-Wonti tokoleeni ka Waaqi intolchine injirtu.
-Wonti Waaqi herege maani waan ifsa inni uume?

Ummama 1:4a

4-Waaqi aka ifsaan suni dansa arge.

-Ifsaan Waaqi uume dansa.

-Wonti akanatifi Waaqi qiit'e.
-Wonti Waaqi tolche chufti qiit'e.

-Nami diira mana midaasa, ammo hojja garri manni gubba jissa.

-Nami uwa ele midaasa, ammo hojja garri ele chachabdi.



-Ammo Waaqi waan chufa qiit'e uume.
-Waaqi maan tolche eegi Inni ifsa uume?

Ummama 1:4b-5

4-Ifsafi dukana gargari baase.
5-Jennaani Waaqi ifsaan guyya jed'e, dukanaani halkani jed'e. Akaanani galgali tahe diiramileeni tahe; kunini guyya qara.

-Gaafa Waaqi ifsa uume, Waaqi dukana chufa lafa imfune.

-Waaqi dukanna garri lakise aka isiini halkani taatu.

-Isiini sila akam jirti yo Waaqi dukana tokoleeni illakisini?
-Nu dandene sila irrafnu.

-Waaqi dukanna garri lakise aka nu dandene rafnu.
-Wonti Waaqi tolchu chufti qiit'e.

-Waaqi guyya lameeso maan uume?

Ummama 1:6-8

6-Jennaani Waaqi waan jed'e, Wonti bisaani full lamati gargari baasa ha taatu.
7-Duuba Waaqi waan suni mid'aase, akaanani bisaani wan suni gubbaa jirafi ka jala jirale, gargari baase; duuba akuma suni taate.

8-Waaqi waan bisaani gargari baasa suniini Gubba jed'e. Akaananí galfali tahe diiramileeni tahe; kunini guyya lameeso.

-Waaqi guyya lameeso gubba uume

-Waaqi akamini gubba guyya lameeso uume.

-Waaqi gubba jechumani uume.

-Gubba uumiti Waaqa guddo jajabdu?
-Iyyo.

-Waaqi jabeena chufa inqaba.

-Wonti Waaqi tolchu indandene injirtu.

-Waaqi akamini bisaan lafa guute gargari baase?

-Waaqi bisaani garri ka lafa gubba gesse.
-Waaqi bisaani kaani dibi lafati lakise.

-Waaqi guyya sadeeso maan uume?

Ummama 1:9-10

9-Jennaani Waaqi waan jed'e, Bisaani lafa gubbaa jirani ha fulla tokoti wolti deebiani, aka biyyeeni godduuni mullatu; duuba akuma suni taate.



10-Waaqi biyye goddu suniini Lafa jed'e, ammalle bisaani wolti deebiani suniini Baariini jed'e; Waaqi wonti kunini dansa arge.

-Guyya sadeeso, Waaqi lafa goddu uume.

-Eenuti aka bisaani eege keesa deebiani aka lafti godduni gabatu seere?
-Waaqa.

-Waaqi maaf aka bisaani eege keesa deebiani seere, ammalle bisaani suni sarmanifi?

-Wonti akanatifi Waaqati bisaani uume.

-Yo nami galaanani bahe, inni dandae galaana sunini eege keesa deebia injeda?
-Iyyo.

-Wonti dibiini Waaqi guyya sadeeso uume maani?

Ummama 1:11-13

11-Waaqi waan jed'e, Lafti latte ha mukhaafi marra gosa ch'ufa baaftu, mukha mid'aani killetiifi mich'iraani qabuufi ka inqamnele, duuba akuma suni taate.
12-Duuba lafti late mukhaafi marra gosa ch'ufa, ka mid'aani killetiifi ka mich'iraani qabuufi ka inqamnele baafte. Waaqi wonti kunini dansa arge.

13-Akanaani galgali tahe diiramileeni tahe; kunini guyya sadeeso.

-Waaqi akamini mukhafi marra gosa heddu ch'ufa uume?
-Waaqi mukhafi marra chufa jechumani uume.

-Mukhafi marra uumitini Waaqa jajabdu?
-Iyyo.

-Maaf?
-Waaqi jabeena chufa qaba.

-Wonti tokoleeni ka Waaqi tolchu indandene injirtu.

-Waaqi mukhafi marra gosa hagami uume?
-Heddu nami tokoleeni eddu indandene.

-Waaqi maaf mukhafi marra gosa eddu uume?

-Waaqi mukhafi marra feda aka jiratu?
-Iyyo.

-Waaqi eenufi mukhafi marra chufa uume?
-Waaqi namaafi uume.

-Waaqi maaf mukhafi marra chufa uume?
-Wonti akanatifi Waaqi guddo nama jaalata.

-Yo mukhi tokoleeni injirre, atini dandete mana injarata.



-Iyyo.

-Waaqi mukha nu uume maro nu jaalatufi.
-Waaqi badala nu uume maro nu jaalatufi.

-Waaqi guyya afreeso maan uume?

Ummama 1:16-19

16-Akanaani Waaqi ifsa gugurda lama tolche, adu ta guuya mnohatu, jia ka halkani mohatu; ammalle urjile mid'aase.
17-Inni ifsa suni gubbaa kaye, aka lafati ifse.
18-Halkanifi guyya mohate ifsafi dukana gargari baasu. Waaqi wonti kunini dansa arge.
19-Akanaani galgali tahe diiramileeni tahe; kunini guyya afreeso.

-Guyya afreeso, Waaqi adu, jia ammalle urji uume.

-Waaqi akamin adufi, jiafi ammale urji uume?
-Waaqi adufi, jiafi ammale urjile jechumani uume.

-Adufi, jiafi ammalle urjini maaf gubba gadi inginne?

-Wonti akanatifi Waaqati wora achi naqe.
-Wonti akanatifi hujjin Waaqa qiit'e.

-Wonti Waaqi guya shaneeso uume maan?

Ummama 1:20-21 & 23

20-Jennaani Waaqi waan jed’e, Bisaani waan lubbu qaba heddu ha d’alani; simpirreleeni ha gubba qilleensa keesa bariftu.

21-Akanaani Waaqi bineensa gugurdafi didiqa ka bisaani keesa galu, simpirre gosa ch’ufale woliini uume. Waaqi wonti kunini dansa arge.

23-Akanaani galgali tahe diiramileeni tahe; kunini guyya shaneeso.

-Guyya shaneeso, Waaqi qurtumi ammale simpire chufa uume.

-Waaqi akamini qurtumifi ammalle simpirefi chufa uume?
-Waaqi qurtumifi ammale simpire chufa jechumani uume.

-Isiini Waaqa jajabdu aka qurtumifi ammalle simpire chufa uumu?

-Iyyo.
-Maaf?

-Waaqi jabeena chufa qaba.

-Wonti tokoleeni ka Waaqi tolchu indandene injirtu.

-Waaqi qurtumifi ammalle simpire gosa hagam uume?
-Heddu nami eddu indandene.



-Waaqi maaf qurtumifi ammalle simpire chufa uume?

-Waaqi qurtumifi ammalle simpire feda aka jiraatu.
-Iyyo.

-Waaqi qurtumifi ammalle simpire chufa eenu uume?
-Waaqi chufa namaafi uume.

-Waaqi maaf qurtumi ammalle simpire chufa uume?
-Wonti akanatifi Waaqi guddo nama jaalate.

-Waaqi waan inni uume chufa maan jed’e?
-Waaqi chufti dansa jed’e.

-Waaqi maaf dandae waan chufa qiit’e uume?
-Maro Waaqi qiit’efi.

-Wonti Waaqi gaafa qara fiit’e uume qiit’e.

-Gaafa qara fiit’e, qoratini tokoleeni injirtu.

-Gaafa qara fiit’e, haramani tokoleeni injirtu.

-Gaafa qara fiit’e, badala chufti aka dansa baha.

-Waaqi waan chufa qiit’e uume maro inni guddo nu jaalutifi.